Mallattoon qaama irratti mul’ate kan COVID-19 ti moo kan talaalliti?

Mallattoolee COVID-19 waliin wal-fakkaata

kanneen sababa talaallitiif HIN MUL'ANNE:

Qufaa

Hafuura baasuu dadhabuu

Dhangala’aa funyaanii

Dhukkubbii qoonqoo

Miira dhandhammii dhabuu yookin foolii

Mallattooleen armaan olii yoo isin irratti mul’ate fi COVID-19 dhaan qabameera jettanii yoo yaaddan, gorsa fayyaa barbaadaa. Tarii qorannoo COVID-19 gochuun isin irraa eegama.

Mallattoolee Talaallii booda mul’atan

kanneen mallattoolee COVID-19 waliin wal-fakkaatan:

Qaama gubaa

Dadhabbii

Dhukkubbii maashaalee

Garaa kaasaa

Haqqee

Mataa bowwoo

Mallattoleen talaallii booda qaama irratti mul’atan guyyaa tokko yookin lama keessatti baduu qabu. Yoo baay’ee dhukkubsattan, gorsa waldhaansa fayyaa barbaadaa.

Mallattoolee Talaallii booda mul’atan

kanneen COVID-19 waliin hin mul'anne:

Dhukkubbii, qaamni diimachuu/ robbaa’uu, yookin bakki lilmoon waraane dhiita'uu

Mallattolee kanneen keessaa tokko hojiilee idilee (kophee hidhachuu, barressuu, fkf) hojjachuu irraa kan isin ittisu yoo ta’e, gorsa fayyaa barbaadaa.

Talaallii COVID-19 kan dhibee COVID-19 **hin** fidne.
Talaallii COVID-19 kan qorannoo PCR COVID-19 poozitiivii **hin** fidne.

COVID19-’n yoo qabamtan, marsariitii kana irraa qajeelcha adda of-baasuu hordofaa: **COVIDvaccineWA.org**

COVID-19 Washington keessatti bal’inaan tatamsa’ee jira. Erga talaallii marsaa lammaffaa fudhattaniin booda torban 2 osoo hin guutin talaallichi dhibicha guutummaan ittisuu hin danda’u. Kanaaf, torban lama hanga hin guunnetti COVID-19’n qabamii ni dandeessu, talallii doozii tokko yookin lama yoo fudhattan illee jechuudha. Erga talaallii fudhattanii miirri gaarin isinitti hin dhagamu yoo ta’e, sababa talaallitiif dhukkubbiin isinitti dhagamuu yookin COVID-19 qabamtaniif dhiistanii hubachuuf chaartichi isin gargaara.

Namoota talaallicha fudhataniif qajeelfama walii galaa: Erga talaallii fudhattanii sa’aatii 72 gidduutti qaama gubaan (tempireecharri digrii Faranaayitii 100.5 ol ta’e) yoo isin irratti mul’ate, manaa hin bahinaa. Sa’aatii 48 gidduutti qaama gubaan yoo isin dhiise fi mallattoo COVID-19 kan biraa isin irratti hin mul’atu yoo ta’e, hojiitti deebi’uu ni dandeessu. Sa’aatii 48 booda, ammayyuu qaama gubaana isin hin dhiisne yoo ta’e, yookin mallattoo dhibee COVID-19 ta’uu malu kan biroo yoo qabaattan, ittuma fuftanii mana turuudhan qorannoo COVID-19 taasisuu qabdu.

Washington State Department of Health

DOH 820-124 April 2021 Oromo
Dookimantii kana roga adda biraan ajaaju yoo barbaadan, bilbilaa 1-800-525-0127. Dubbachuu dhagahuu dadhabuu maamiltoota, maaloo 711 irratti bilbilaa (Washington Relay) yookin email civil.rights@doh.wa.gov.